

Waggaa 31<sup>maa</sup> ..... Lak. ....8/2015  
 31<sup>st</sup> ዓመት ..... ቁጥር ..... 8/2015  
 31<sup>th</sup> year ..... No. ....8/2023



Finfinnee,.....Guraandhala 11 Bara 2015  
 ፊንፊንቤ፣ .....የካቲት 11 ቀን 2015 ዓ.ም  
 Finfine,.....February 18, 2023

# MAGALATA OROMIYAA

## መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... Qarshii 20 የአንዱ ዋጋ ..... ብር 20 Unit Price ..... Birr 20	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000 የፖ.ሰ.ቁጥር .....21383-1000 P.O.Box ..... 21383-1000
---	---	--

QABIYYEE <b>Labsii Lak. 251/2015</b> Labsii Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Gumii Calaltuu Dhimmoota Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 251/2015 .....Fuula 1	ማጠቃለያ <b>አዋጅ ቁጥር 251/2015</b> የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የሕገ-መንግስት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ አደረጃጀት፣ ሥልጣንና ተግባር እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 251/2015.....ገጽ 1	CONTENT <b>Proclamation No. 251/2023</b> A Proclamation to Redefine the Organization, Power and Duties of the Council of Constitutional Inquiry of Oromia Regional State, Number 251/2023.....Page 1
---	---	--

Labsii Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Gumii Calaltuu Dhimmoota Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 251/2015

Seerota hundaafuu ol'aanaa kan ta'e Heerri mootummaa, ol'aantummaan isaa eegamee karaa guutuu ta'een hojjiirra ooluun ijaarsa sirna dimokraasii, misoomaafi nageenya amansiisaa, akkasumas kabajamuu mirgoota bu'uuraa lammiilee mirkaneessuuf sosochii naannicha keessatti eegalame ittifufsiisuuf wabii ta'uun waan itti amanameef;

Ol'aantummaa Heeraa mirkaneessuuf sirnoota naannicha keessatti diriirfaman keessaa tokko kan ta'e sirni hiikaa Heeraa kaayyoo hundeeffameef kan milkeessu gurmaa'inaafi hojimaata cimaa bu'a qabeessa ta'een yoo deeggarame ta'uun waan itti amanameef;

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የሕገ-መንግስት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ አደረጃጀት፣ ሥልጣንና ተግባር እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 251/2015

የሕጎች ሁሉ የበላይ የሆነው ሕገ መንግስት የበላይነቱ ተጠብቆ በተሟላ መልኩ ሥራ ላይ መዋል ለዴሞክራሲያዊ ስርዓት ግንባታ፣ ለዘላቂ ልማትና አስተማማኝ ሰላም፣ እንዲሁም የዜጎች መሰረታዊ መብቶችና ነጻነቶች መከበራቸውን ለማረጋገጥ በክልሉ ለተጀመረው እንቅስቃሴ ቀጣይነት ዋስትና መሆኑ ስለታመነበት፤

የሕገ መንግስቱን የበላይነት ለማረጋገጥ በክልሉ ከተዘረጉት ሥርዓቶች መካከል አንዱ የሆነው የሕገ-መንግስት ትርጉም ስርዓት የተቋቋመበት ዓላማ የሚሰጠው በጠንካራ አደረጃጀትና ውጤታማ አሰራር ሲታገዝ በመሆኑ፤

A Proclamation to Redefine the Organization, Power and Duties of the Council of Constitutional Inquiry of Oromia Regional State, Number 251/2023

WHEREAS, it is believed that while preserving its supremacy, the full-fledged implementation of the Constitution, the supreme law of the region, is a guarantee for the continuation of efforts commenced in the region to ensure the building of democratic system, sustainable development and guaranteed peace, and protection of fundamental rights of the citizen;

WHEREAS, it is believed that to ensure supremacy of the constitution, the constitutional interpretation system, as one of the arrangements entrenched in the region should be supported by an efficient organization and effective procedures in order to meet its goals;

Heera Naannichaa irratti hundaa’anii falmiiwwan hiikaa Heeraa dhiyaataniif akka calaluu kan aangeffame Gumii Calaltuun Dhimmoota Heeraa caalmaatti cimee hojimaataafi gurmaa’ina tajaajila si’ataa lammiileef kennuu dandeessisu akka qabaatutti Labsii hojiirra ture fooyyeessuun barbaachisaa ta’ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahee, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 Keewwata Xiqqaa 3(a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**Kutaa Tokko**  
**Tumaalee Waligalaa**

1. **Mata Duree Gabaabaa**  
Labsiin kun "Labsii Gumii Calaltuu Dhimmoota Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Lakkoofsa 251/2015" jedhamee waamamuu ni danda’a.
2. **Hiikka**  
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Labsii kana keessatti:
  - 1) “Heera” jechuun Heera Fooyya’aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lakkoofsa 46/1994n jechuudha.
  - 2) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
  - 3) “Naannoo” jechuun, Naannoo Oromiyaati.
  - 4) “Qaamolee Mootummaa” jechuun, Qaama Seera Tumaa, Seera Raawachiisaafi Seera Hiikaa Mootummaa Naannichaati.
  - 5) “Caffee” jechuun, bu’uura Heera Mootummaa Naannichaa Fooyya’ee Bahe, Keewwata 46(1) tiin kan hundeeffame, qaama seera tumaafi abbaa aangoo ol’aanaa Mootummaa Naannichaati.
  - 6) “Seera” jechuun, Caffee fi qaamolee Mootummaa Naannichaa aangoon seeraan kennameef birootiin Labsii, Dambiifi Qajeelfamoota bahaniidha.

በሕገ መንግሥቱ ላይ በመመስረት የሚቀርቡ ህገመንግስታዊ ክርክሮችን ወይም የትርጉም ጥያቄዎችን እንዲያጣራ ሥልጣኑ የተሰጠው የሕገ-መንግሥት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ ይበልጥ ተጠናክሮ ለዜጎች የተቀላጠፈ አገልግሎት መስጠት የሚያስችል አደረጃጀትና አሠራር እንዲኖረው በስራ ላይ ያለውን አዋጅ ማሻሻል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ መንግሥት አንቀጽ 49 ንዑስ አንቀጽ 3 (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጏል፡፡

**ክፍል አንድ**  
**ጠቅላላ**

1. **አጭር ርዕስ**  
ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሕገ መንግሥት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ ማሻሻያ አዋጅ ቁጥር 251/2015” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡
2. **ትርጓሜ**  
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-
  - 1) “ሕገ መንግሥት” ማለት የተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 ነው፡፡
  - 2) “መንግሥት” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ነው፡፡
  - 3) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው፡፡
  - 4) “የመንግሥት አካላት” ማለት የክልሉ መንግሥት ሕግ አውጪ፣ ሕግ አስፈጻሚ እና ሕግ ተርጓሚ አካል ነው፡፡
  - 5) “ጨፌ” ማለት በተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አንቀጽ 46 (1) መሠረት የተቋቋመው የክልሉ መንግሥት የሕግ አውጪና ክፍተኛው የሥልጣን አካል ነው፡፡
  - 6) “ሕግ” ማለት በጨፌውና ሌሎች በሕግ ሥልጣን የተሰጣቸው የክልሉ የመንግስት አካላት የሚያወጡት ሕጎች፣ ደንቦች እንዲሁም መመሪያዎችን ናቸው፡፡

WHEREAS, it has become necessary to amend the existing proclamation to strengthen the organization and procedure of the Council of Constitutional Inquiry, an organ entrusted with the power to investigate constitutional issues based on the constitution of the Region, in order to capacitate it to deliver a standard service to the citizen;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 Sub Article 3(a) of the Oromia Regional State Revised Constitution, Proclamation No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

**Part One**  
**General Provisions**

1. **Short Title**  
This proclamation may be cited as “Oromia Regional State Council of Constitutional Inquiry Amendment Proclamation No. 251/2023”.
2. **Definition**  
Unless the context requires, otherwise in this Proclamation:
  - 1) “Constitution” means the Oromia Regional State Revised Constitution Proclamation No. 46/2001.
  - 2) “Government” means the Oromia Regional State Government.
  - 3) “Region” means, the Oromia Region;
  - 4) “State Organs” means the legislative, the executive and the Judicial organs of Oromia Regional State.
  - 5) "Caffee" means, the legislative and the highest organ of the Oromia Regional State, established pursuant to Article 46 (1) of the Revised Constitution of the Region.
  - 6) “Law” means proclamation, regulation and directives enacted by the Caffee and other organs of the regional state delegated to do so;



- 7) “Komishinii” jechuun, labsii kana keessatti akkaataa ibsameen falmii Heeraa ka’aniif murtee kennuuf bu’uura Heera Mootummaa Naannichaa Keewwata 67tiin kan hundeeffame, Komishinii Hiikaa Heeraa Oromiyaati.
- 8) “Gumii” jechuun, gaaffii hiikaa Heeraa ka’an calaluuf bu’uura Heera Mootummaa Naannichaa Keewwata 68tiin kan hundeeffame, Gumii Calaltuu Dhimmoota Heeraa Naannichaati.
- 9) “Koree Xiqqaa Gumii” jechuun si’ayinaafi bu’a-qabeessummaa hojjiitiif jecha miseensota Gumichaa irraa koree moggaafamuudha.
- 10) “Mana Murtii” jechuun, Mana Murtii idilee Naannicha keessatti sadarkaa kamittuu argamuudha.
- 11) “Murtee Dhumaa” jechuun qaama mootummaa seeraan aangeffameen ilaalamee dhimma murteen xumuraa itti kennameefi ol’iyyannoo hin qabneedha.
- 12) “Waajjira” jechuun akkaataa Labsii kanaatti hojiilee Gumichaa deeggaruuf ittigaafatamummaa kan qabu Waajjira Komishinii Hiikaa Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 13) “Nama” jechuun, nama uumamaa yookiin seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

**3. Daangaa Rawwatiinsaa**

Labsiin kun dhimmoota hiikaa Heera Mootummaa Naannichaa ilaallatu kamiyyuu irratti raawatiinsa ni qabaata.

**4. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

- 7) “ኮሚሽን” ማለት በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት የሚነሱ ሕገ መንግስታዊ ክርክሮችን ወይም የትርጉም ጥያቄዎችን ለመወሰን በሕገ መንግሥቱ አንቀጽ 67 የተቋቋመው የኦሮሚያ ክልል የሕገ መንግሥት ተርጓሚ ኮሚሽን ነው።
- 8) “ጉባኤ” ማለት የሚነሱ ሕገ መንግሥታዊ ጥያቄዎችን ለማጣራት በሕገ መንግስቱ አንቀጽ 68 የተቋቋመው የኦሮሚያ ክልል የሕገ መንግሥት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ ነው።
- 9) “የጉባኤው ንዑስ ኮሚቴ” ማለት ለሥራው ቅልጥፍናና ውጤታማነት ሲባል ከጉባኤው አባላት ተውጥቶ የሚሰየም ኮሚቴ ነው።
- 10) “ፍርድ ቤት” ማለት በማንኛውም ደረጃ የሚገኝ የብሔራዊ ክልላዊ መንግሥቱ መደበኛ ፍርድ ቤት ነው።
- 11) “የመጨረሻ ውሳኔ” ማለት በሕግ ሥልጣኑ በተሰጠው የመንግስት አካል ታይቶ ይግባኝ የሌለው ውሳኔ የተሰጠበትና ያለቀለት ጉዳይ ነው።
- 12) “ጽ/ቤት” ማለት በዚህ አዋጅ መሰረት የጉባኤውን ስራዎች የማገዝ ሃላፊነት ያለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የሕገ መንግስት ተርጓሚ ኮሚሽን ጽ/ቤት ነው።
- 13) “ሰው” ማለት በተፈጥሮ ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።

**3. የአራጻጸም ወሰን**

ይህ አዋጅ የክልሉን ሕገመንግስት ትርጉም አስመልክተው በሚነሱ ማናቸውም ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**4. የጾታ አገላለፅ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ ማንኛውም በወንድ ጾታ የተገለፀው የሴትንም ያካትታል።

- 7) “Commission” means the Oromia Constitutional Interpretation Commission founded in accordance with article 67 of the Constitution to render decisions, pursuant to provisions of this proclamation, on constitutional disputes.
- 8) “Council” means, the Regional Council of Constitutional Inquiry that is founded in accordance with Article 68 of the Regional Constitution to screen constitutional interpretation issues.
- 9) “Sub-Inquiry Committee” means a committee nominated for efficiency purposes from among the members of the Council.
- 10) “Court” means, the regular court of the region that found at any level;
- 11) “Final Decision” means, a decision that is given by an authoritative government agency, and has been exhausted and against which no appeal lies;
- 12) “Office” means, the office of Commission of Constitutional Interpretation responsible to support the council to discharge its duties as per provisions of this proclamation;
- 13) "Person" means any natural or juridical person.

**3. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable on any issue concerning interpretation of the Regional Constitution.

**4. Gender Description**

The provisions of this Proclamation set out in the masculine gender shall also apply to the feminine gender.

**Kutaa Lama**  
**Gurmaa'insaafi Hojimaata Gumii Calaltuu Dhimoota Heeraa**

**5. Gurmaa'insa Gumichaa**  
 1) Gumichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:  
 (a) Walitti Qabaa;  
 (b) Itti Aanaa Walitti Qabaa; fi  
 (c) Miseensota biroo ni qabaata.  
 2) Waajjirri Komishinichaa Waajjira Gumichaas ta'uun ni tajaajila.

**6. Miseensota Gumichaa**  
 Gumichi miseensota armaan gadii ni qabaata:  
 1) Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa ..... Walitti Qabaa;  
 2) Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa ..... Itti Aanaa Walitti Qabaa;  
 3) Ogeessota seeraa gahumsa ogummaafi naamusa qabaniin Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin dhiyaatanii Caffeen muudaman Jaha..... Miseensota;  
 4) Miseensota Caffee keessaa Afyaa'iidhaan dhiyaatanii Caffeen moggaafaman Sadi..... Miseensota.

**7. Aangoofi Hojii Gumichaa**  
 Heera Mootummaa Naannichaa Keewwata 69 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Gumichi aangoofi hojii waliigalaa armaan gadii ni qabaata:  
 1) Dhimoota Heera Naannichaa falmisaa ta'an ni calala; kanneen hiikoo Heeraa barbaadan yaada murtee qopheessuudhaan Komishinichaaf ni dhiyeessa;  
 2) Dhimmichi hiikaa Heeraa kan isa hin barbaachisneedha jedhee yoo amane, hiikaa Heeraa kan isa barbaachisuu miti jechuun murtee kenna;

**ክፍል ሁለት**  
**ስለ ሕገ መንግሥታዊ ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ አደረጃጀትና አሠራር**

**5. የጉባኤው አደረጃጀት**  
 1) ጉባኤው ከዚህ በታች የተመለከተት አደረጃጀቶች ይኖሩታል፡-  
 (ሀ) ሰብሳቢ፤  
 (ለ) ምክትል ሰብሳቢ፤ እና  
 (ሐ) ሌሎች አባላት ይኖሩታል፡፡  
 2) የኮሚሽኑ ጽ/ቤት የጉባኤውም ጽ/ቤት በመሆን ያገለግላል፡፡

**6. የጉባኤው አባላት**  
 ጉባኤው የሚከተሉት የአባላት ይኖሩታል፡-  
 1) የክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ንጋዚዳንት ..... ሰብሳቢ፤  
 2) የክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ምክትል ንጋዚዳንት..... ምክትል ሰብሳቢ፤  
 3) በክልሉ ንጋዚዳንት አቅራቢነት በጨፌው የሚሾሙ በሙያ ብቃታቸውና በስነምግባራቸው የተመሰከረላቸው ስድስት የሕግ ባለሙያዎች ..... አባላት፤  
 4) በአፈ ጉባኤው አቅራቢነት ከጨፌ አባላት መካከል በጨፌው የሚሠየሙ ሶስት ተወካዮች ..... አባላት፡፡

**7. የጉባኤው ስልጣንና ተግባር**  
 በክልሉ ሕገ መንግሥት አንቀጽ 69 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጣሪ ጉባኤው በዚህ አዋጅ መሠረት የሚከተሉት ስልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-  
 1) አክራሪ የሆኑ የክልሉን ህገ መንግሥታዊ ጉዳዮች ያጣራል፤ የህገመንግስት ትርጓሜ የሚያስፈልጋቸውን የውሳኔ ሃሳብ በማዘጋጀት ለኮሚሽኑ ያቀርባል፤  
 2) ጉዳዩ የሕገመንግስት ትርጉም የማያስፈልገው ሆኖ ባገኘው ጊዜ ሕገመንግስቱን መተርጎም አስፈላጊ አይደለም የሚል ውሳኔ ይሰጣል፤

**Part Two**  
**Organizational Structure and Operation of Council of Constitutional Inquiry**

**5. Organizational Structure of the Council**  
 1) The Council shall have the following organizational structure:  
 (a) Chairperson;  
 (b) Deputy Chairperson; and  
 (c) Other Members.  
 2) The Office of the Commission shall concurrently act as the Council's office.

**6. Members of the Council**  
 The Council shall have the following members:  
 1) The President of the Regional Supreme Court..... Chairperson;  
 2) The Vice President of the Regional Supreme Court..... Deputy Chairperson;  
 3) Six legal experts, who shall have proven professional competency and high moral standing, appointed by the Caffee on the recommendation of the President of the Regional state..... Members;  
 4) Three representatives nominated by the Speaker and designated by the Caffee from among its members .....members.

**7. Power and Duties of the Council**  
 Without prejudice to Article 69 of the Regional constitution, the Council shall have the following powers and duties:  
 1) To investigate disputed constitutional issues arising from the regional constitution and submit its recommendation of constitutional interpretation to the Commission, should it find it necessary to interpret the Constitution;  
 2) If it finds that the matter does not need constitutional interpretation, it shall make a decision to that effect;



- 3) Qajeelfamoota aangoofti hojii Gumichaa milkeessuuf gargaaran baasee hojiirra ni oolcha;
- 4) Maanuwaalota hojii Gumichaa hordofuufi deeggaruuf ni gargaaru jedhamanii Waajjiraan dhiyaataniif qoratee ni raggaa; hojiirra oolmaa isaanniis ni hordofa;
- 5) Koree Xiqqaa Gumiifi akkuma barbaachisummaa isaatti koreewwan yeroo hojii Gumichaa bu'a qabeessa taasisan ni moggaasa; hojii isaaniin raawwatamus adda baasee ni agarsiisa;
- 6) Hiikka Heeraa ilaalchisee Komishinichaafi qaamolee sirnummaa qaban birootiin hojiilee kennamaniif ni raawwata;
- 7) Gabaasa Raawwii hojii Gumichaa kan waggaa Komishinichaaf ni dhiyeessa.

**8. Sirnaafi Yeroo Walgahii Gumichaa**

- 1) Gumichi ji'a saditti al tokko walgahii idilee ni qabaata.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti yeroo tumame osoo hin eegin Walitti Qabaan Gumichaa dhimmoonni ariifachiisaan murtee barbaadan yoo jiraatan walgahii waamuu ni danda'a.
- 3) Walgahiin Gumichaa guutuudha kan jedhamu miseensota keessaa lama sadeessoon yoo argaman ta'a.
- 4) Gumichi gaaffiilee hiikaa Heeraa dhiyaatan simachuun, haala walxaxiinsaafi bal'ina dhimichaa irratti hundaa'uudhaan yeroo ji'a sadi hin caalle keessatti calalee yaada murtee Komishinichaaf ni dhiyeessa.

**9. Bara Hojii Miseensota Gumichaa**

- 1) Barri hojii Walitti Qabaafi Itti Aanaa Walitti Qabaa Gumichaa, akkaataa walduraa duuba isaatiin bara hojii Pireezidaantummaafi Itti Aanaa Pireezidaantummaan Mana Murtii Waliigalaa Naanichaa ta'uun tajaajilan ta'a.

3) የጉባኤውን ሥልጣንና ተግባር ውጤታማ የሚያደርጉ አስፈላጊ የሆኑ መመሪያዎችን አውጥቶ ስራ ላይ ያውላል፤

4) ለጉባኤው ስራ ድጋፍና ክትትል አጋዥነታቸው ታምኖባቸው በጽሕፈት ቤቱ የሚቀርቡለትን የአሰራር ስርዓት ማንዋሎችን መርምሮ ያፀድቃል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውንም ይከታተላል፤

5) የጉባኤውን ስራዎች ውጤታማ ለማድረግ ያስችላሉ ተብሎ የታመነባቸውን ንዑስ ኮሚቴና እንዳስፈለገነታቸውም ጊዜያዊ ኮሚቴዎችን ይሰይማል፤ በኮሚቴዎቹ የሚከናወኑ ተግባራትንም ለይቶ ያመለክታል፤

6) ከሕገ መንግሥት ትርጉም ጋር በተያያዘ በኮሚሽኑና በሌሎች አግባብነት ባላቸው አካላት የሚሰጡትን ተግባራት ያከናውናል፤

7) የጉባኤውን ዓመታዊ የስራ ክንውን ለኮሚሽኑ ያቀርባል።

**8. የጉባኤው የስብሰባ ሥነ-ሥርዓትና ጊዜ**

1) ጉባኤው በ ሶስት ወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባውን ያካሄዳል።

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተደነገገውን ጊዜ መጠበቅ ሳያስፈልግ የጉባኤው ስብሰባ ውጤት የሚሾ አባላዬ ጉዳዮች በሚኖሩበት ጊዜ ስብሰባ መጥራት ይችላል።

3) የጉባኤው ምልዓተ-ጉባኤ ተሟልቷል የሚባለው ከአባላት መካከል ሁለት - ሶስተኛ የሚሆኑት በስብሰባው ሲገኙ ነው።

4) ጉባኤው የሚቀርቡለትን የሕገ-መንግሥት ጉዳዮችን በመቀበል በጉዳዮች ስፋትና ውስብስብነት ላይ በመመስረት ክሶስት ወራት በማይበልጥ ጊዜ ውስጥ አጣርቶ የውሳኔ ሀሳብ ለኮሚሽኑ ያቀርባል።

**9. የጉባኤው አባላት የሥራ ዘመን**

1) የጉባኤው ስብሰባና ምክትል ስብሰባ የስራ ዘመን እንደቅደም ተከተሉ የክልሉን ጠቅላይ ፍርድ ቤት በኘራዚዳንትነት እና ምክትል ኘራዚዳንትነት ያገለገሉበት የስራ ዘመን ይሆናል።

3) Enact and implement directives that help the council to exercise its power and duties;

4) Approve the operation manuals developed by the office to assist and follow-up the Council in the discharge of its duties, and monitor their implementation;

5) To designate Sub-Inquiry and other temporary committees required for discharge of its responsibilities, and stipulate their duties;

6) Perform other activities assigned to it by the Commission and other legitimate organ in relation to constitutional interpretation;

7) To submit its annual performance report to the Commission.

**8. The Procedure and meeting period of the Council**

1) The Council shall convene at least once every quarter.

2) The Chairperson of the Council may call a meeting of the Council within a shorter period than provided under sub-article (1) of this Article as necessary.

3) The presence of two-third of the members of the Council shall constitute a quorum.

4) The Council shall accept requests for constitutional interpretations, examine the issues and submit its recommendations to the Commission within not more than 3 months depending on the complexity and breadth of the case.

**9. Term of Office of Members of the Council**

1) The term of office of the Chairperson and Deputy Chairperson of the Council shall respectively be the same as the term of the Presidency and Vice-presidency of the Regional Supreme Court.

- 2) Barri hojii miseensota Gumichaa Afyaa'ii Caffeedhaan dhiyaatanii Caffeedhaan moggaafamaniifi Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin dhiyaatanii Caffeedhaan muudamanii, bara hojii Caffee Naannichaa ta'a.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame jiraatus, miseensonni Gumichaa Afyaa'ii Caffee fi Pirezidaantii mootummaa Naannichaatiin dhiyaatanii Caffeedhaan moggaafaman yookiin muudaman, miseensota Gumichaa ta'anii irra deebiidhaan filatamuu ni danda'u.

**10. Haala Miseensoonni Gumichaa Hojii Irraa Itti Ka'an**

- 1) Walitti Qabaafi Itti Aanaa Walitti Qabaan Gumichaa muudama Pirezidaantummaafi Itti Aanaa Pirezidaantummaa Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa irraa hanga hin kaaneetti ittigaafatamummaa Gumichaa irraa hin ka'an.
- 2) Waliti Qabaafi Itti Aanaa Walitti Qabaa Gumichaatiin ala miseensi Gumichaa kamiyyuu barri hojii isaa osoo hin xumuramin dura qaama bakka buuseen yookiin muudeen ittigaafatamummaa irraa ka'uu ni danda'a.
- 3) Miseensi Gumichaa kamiyyuu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin ittigaafatamummaa irraa kan ka'u sababoota armaan gaditti tarreeffamaniin ta'a:
  - (a) Fedhii isaatiin ittigaafatamummaa irraa ka'uuf qaama isa muudeef yookiin bakka buuseef gaaffii yammuu dhiyeesseefi gaaffichis fudhatama yoo argate;
  - (b) Balleessaa Naamusaa raawwachuu yookiin dandeettii fi gahumsa hojii raawwachuu dhabuun isaa Gumichaafi qaama muudeen yookiin bakka buuseen yoo mirkanaa'e;
  - (c) Hojimaata hojii Gumichi baase kan hin kabajne yoo ta'eedha.

- 2) በአፈ ጉባኤው አቅራቢነት ከጨፌ አባላት መካከል በጨፌው የሚሠየሙና በክልሉ ፕሬዚዳንት አቅራቢነት በጨፌው የሚሾሙ የጉባኤው አባላት የስራ ዘመን የጨፌው የስራ ዘመን ይሆናል።
- 3) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /2/ ድንጋጌ ቢኖርም በአፈ ጉባኤው እና በክልሉ ፕሬዚዳንት አቅራቢነት በጨፌው የሚሰየሙ ወይም የሚሾሙ የጉባኤው አባላት ለድጋሚ የአገልግሎት ዘመን ሊመረጡ ይችላሉ።

**10. የጉባኤው አባላት ከሃላፊነት ስለሚነሱበት**

- 1) የጉባኤው ሰብሳቢና ምክትል ሰብሳቢ ከክልሉ ጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንትነት ሹመት ካልተነሱ በስተቀር ከሃላፊነታቸው አይነሱም።
- 2) ከጉባኤው ሰብሳቢና ምክትል ሰብሳቢ በስተቀር ማንኛውም የጉባኤ አባል የስራ ዘመኑ ከማለቁ በፊት በወከለው ወይም በሾመው አካል ከሃላፊነቱ ሊነሳ ይችላል ።
- 3) ማንኛውም የጉባኤው አባል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (2) መሰረት ከዚህ በታች በተዘረዘሩት ምክንያቶች ከሃላፊነቱ ሊነሳ ይችላል፡-
  - (ሀ) በፈቃዱ ከሃላፊነቱ ለመነሳት ለወከለው ወይም ለሾመው አካል ጥያቄ ሲያቀርብና ጥያቄውም ተቀባይነት ሲያገኝ፤
  - (ለ) የዲ.ሲ.ፕሊን ጥፋት መፈጸሙ ወይም ጉልህ የሆነ የሥራ ችሎታና ቅልጥፍና ያነሰው መሆኑ በጉባኤውና በወከለው ወይም በሾመው አካል ሲረጋገጥ።
  - (ሐ) ጉባኤው ያወጣውን የአስራር ስርዓት ያላከበረ እንደሆነ ነው።

- 2) The term of office of members of the Council designated by the Caffee on the recommendation of the Speaker and the Regional President shall be the same as the term of mandate of the Caffee.
- 3) Notwithstanding the provision of sub article 2 of this article, the members of the Council designated or appointed by the Caffee on the recommendation of the Speaker and the Regional President may be re-elected.

**10. Removal of Members of the Council**

- 1) The Chairperson and Deputy Chairperson of the Council may not be removed from their positions unless they are removed from presidency and vice-presidency of the Regional Supreme Court, respectively.
- 2) With the exception of the Chairperson and Deputy Chairperson of the Council, any member of the Council may be removed from membership by the designating or appointing organ before the end of his term.
- 3) Any member of the Council mentioned under sub article (2), may be removed from membership due to the following grounds;
  - (a) When the member presents tender of resignation to the organ designated or appointed him and the resignation is granted;
  - (b) When the member is proven to have committed a disciplinary offence or the member significantly lacks work competency as confirmed by the Council and the organ designated or appointed him;
  - (c) When the member fails to comply with the work rules of the Council.



**11. Aangoofi Gahee Hojii Walitti Qabaa Gumichaa**

Walitti Qabaan Gumichaa aangoofi Gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Walgahii Gumichaa ni waama; guutuu ta'usaa ni mirkaneessa; ni gaggeessa;
- 2) Guyyaa Walgahiin Gumichaa gaggeeffamu guyyoota torba dursee miseensota Gumichaa ajandaa walgahichaa ni beeksiisa;
- 3) Dhimmoota hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyaatan sirnaan qindeessee miseensota Gumichaatiif akka dhaqqaban ni taasisa;
- 4) Dhimmoota Gumichaaf dhiyaatan keessaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Koreen Xiqqaa Gumii yaada ka'umsaa yookiin wixinee yaada murtee akka dhiyeessu ni qajeelchaaf; yaadicharrattis miseensonni Gumichaas akka mari'atan ni taasisa;
- 5) Murtiileen Gumichaa qaama dhimmi ilaallatuuf akka dhaqqaban ni taasisa;
- 6) Miseensota Gumichaa keessaa sababoota Labsii kana Keewwata 10 jalatti ibsamaniin miseensi hir'ate akka bakka buufamu qaama ilaaluuf gaaffii ni dhiyeessa; hanga yaa'ii Caffichaa itti aanutti dhiyaatee muudamni isaa raggautti miseensa hir'ate bakka bu'ee akka hojjetu ni taasisa;
- 7) Miseensonni Gumichaa ittigaafatamummaa isaanitiin walqabatee faayidaalee argachuu qaban Gumichaaf ni dhiyeessa; yemmuu mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;
- 8) Qajeelfamoonni walgahiifi sirni hojimaataa adda addaa Gumichaa ittiin gaggeeffamu qoratananii hojiirraa akka oolan ni taasisa; ni kabaja; ni kabachiisa;
- 9) Labsii kanaan hojiifi ittigaafatamummaa Gumichaaf kenaman milkeessuuf hojiilee garaagaraan biroos ni raawwata; ni raawwachiisa.

**11. የጉባዔው ስብሰባ ስልጣንና ተግባር**

የጉባዔው ስብሰባ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባራት ይኖሩታል።

- 1) የጉባዔውን ስብሰባ ይጠራል፣ ምልዓተ-ጉባኤ መሟላቱን ያረጋግጣል፣ ስብሰባውን ይመራል፣
- 2) የጉባኤው ስብሰባ ከሚካሄድበት ሰዓት ቀን አስቀድሞ የስብሰባውን አገልግሎት አባላት ያሳውቃል፣
- 3) ለሕገ-መንግሥት ትርጉም የቀረቡ ጉዳዮች በአግባቡ ተቀናጅተው ለጉባኤው አባላት እንዲደርሳቸው ያደርጋል፣
- 4) ለጉባኤው ከሚቀርቡት ጉዳዮች መካከል እንደአስፈላጊነቱ ንዑስ አባሪ ኮሚቴው መርምሮ የመነሻ ወይም የውሳኔ ሀሳብ ረቂቅ እንዲያቀርብ ይመራለታል፣ በሀሳቡም ላይ የጉባኤው አባላት እንዲወያዩ ያደርጋል፣
- 5) የጉባኤው ውሳኔዎች ጉዳዩ ለሚመለከታቸው እንዲደርሳቸው ያደርጋል፣
- 6) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 10 በተመለከተት ምክንያቶች የጉባዔው አባላት መንደል ሲያጋጥም በዚህ አዋጅ መሰረት በተንደሰ አባል ምትክ ተተኪ አባል እንዲሾም ወይም እንዲወክል ለሚመለከተው አካል ጥያቄ ያቀርባል፣ በሚቀጥለው የጨፌ ጉባኤ ቀርቦ ሹመቱ አስኪጸድቅ የተንደሰን አባል በመተካት እንዲሰራ ያደርጋል፣
- 7) የጉባዔው አባላት ከሃላፊነታቸው ጋር ተያይዞ ሊከበርላቸው የሚገባውን ጥቅማ ጥቅም ለጉባዔው በማቅረብ ያጸድቃል፣ ሲፈቀድም ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
- 8) የጉባኤው ስብሰባና የተለያዩ ተግባራት የሚመሩባቸውን የአሰራር መመሪያዎችና ሥነስርዓቶች ተጠንተው ስራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፣ ያከብራል፣ ያስከብራል፣
- 9) በዚህ አዋጅ ለጉባኤ የተሰጠውን ሥልጣንና ሃላፊነት ለማሳካት የሚያግዙ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፣ እንዲከናወኑም ያደርጋል፣

**11. The Power and Duties of The Chairperson of The Council**

The Chairperson of the Council shall have the following power and duties:

- 1) Call, verify its quorum and preside over the meeting of the Council;
- 2) Notify agendas of the meeting to the members seven days before the session is due;
- 3) Organize and ensure the distribution of cases of constitutional interpretation to the members;
- 4) May cause the preparation and presentation of opinion or draft recommendation, as appropriate, by Sub-Inquiry Committee and ensure that the council deliberates on it;
- 5) Ensure that the decisions of the Council reach the concerned organs;
- 6) Request the concerned organ for replacement, when membership of the Council is vacant due circumstances set out under Article 10 of this proclamation, and cause the new member to fill the vacant position until the next session of the Caffee approves the designation;
- 7) Propose to the Council for approval the benefits of the members of Council associated with their responsibilities and ensure its implementation upon approval;
- 8) Shall cause preparation of directives and rules of procedure of the Council; shall respect and ensure its observance and implementation;
- 9) Shall carry out other tasks; make sure its performance to assist the Council in discharging duties and responsibilities entrusted to it by this proclamation;

10) Raawwii hojii Gumichaa kurmaana kurmaanaan Afyaa'ii Caffetiif, Komishinichaaf ammoo gabaasa waggaa ni dhiyeessa.

**12. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Gumichaa**

Itti Aanaa Walitti Qabaan Gumichaa aangoofi Gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bakka Walitti Qabaan Gumichaa hin jirretti bakka bu' ee ni hojjeta;
- 2) Hojiiwwan Walitti Qabaan kenamaniif ni raawwata.

**13. Walitti Qabaa Yeroof Moggaasuu**

Itti Aanaan Walitti qabaa Gumichaa yemmuu hin jirre yookiin Walitti qabaa Gumichaa bakka bu'ee hojjechuu yemmuu hin dandeenyetti, miseensota Gumichaa keessaa miseensi hojicha yeroof hoogganu Walitti qabaa Gumichaatiin ni moggaafama.

**14. Ittigaafatamummaa Miseensota Gumichaa**

Miseensi Gumichaa kamiyyuu:

- 1) Sababa humnaa oliitiin yoo ta'e malee, walgahii Gumichaa kamiyyuu irratti argamuu qaba;
- 2) Miseensi sababa humnaa oliitiin walgahiirratti argamuu hindandeenye, walgahichi gaggeeffamuun guyyaa lama dursee Walitti Qabaa Gumichaa beeksisuu qaba;
- 3) Akkaataa Labsii kanaatiin ajandaaleefi barreeffamoota guyyaa walgahiitiin dursee isaaf ergaman dubbisee qophii gahaa gochuuf dirqama qaba;
- 4) Dhimmoota ajandaan qabamanii walgahii Gumichaaf yookiin Koree Xiqqaa Gumiitiif dhiyaatan irratti hirmaachuun hojiin Gumichaa bu'aa qabeessa akka ta'u tattaaffii isa irraa eegamu taasisuu qaba;

10) የጉባዔውን የየሩብ ዓመቱን የስራ ክንውን ሪፖርት ለአራ-ጉባዔው፤ ዓመታዊ የስራ ክንውን ሪፖርት ደግሞ ለኮሚሽኑ ያቀርባል።

**12. የአጣሪ ጉባዔው ምክትል ሰብሳቢ ስልጣንና ተግባር**

የጉባዔው ምክትል ሰብሳቢ ከዚህ በታች የተመለከቱት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

- 1) የጉባዔው ሰብሳቢ በማይኖርበት ጊዜ ተክቶ የጉባዔውን ስራዎች በበላይነት ያከናውናል፤
- 2) በሰብሳቢው ተለይተው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል።

**13. ጊዜያዊ ሰብሳቢ ስለመሰየም**

የጉባዔው ምክትል ሰብሳቢ በማይኖርበት ወይም ሰብሳቢውን ተክቶ ሊሰራ በማይችልበት ጊዜና ሁኔታ ከጉባዔው አባላት መካከል ለጊዜው ስራውን የሚመራ ሰው በጉባዔው ሰብሳቢ አማካኝነት ይወሰናል።

**14. የጉባዔው አባላት ሃላፊነት**

ማንኛውም የጉባዔው አባል፡-

- 1) ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት ካልሆነ በስተቀር በሚጠራው ማንኛውም የአጣሪ ጉባዔ ስብሰባ ላይ መገኘት ይኖርበታል፤
- 2) ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት ስብሰባ ላይ የማይገኝ ከሆነ ስብሰባው ሊካሄድ ከታሰበበት ሁለት ቀን አስቀድሞ ይህንኑ ለጉባዔው ሰብሳቢ ማሳወቅ አለበት፤
- 3) በዚህ አዋጅ መሰረት ከስብሰባው ዕለት አስቀድመው የሚላኩለትን አጀንዳዎችና ሰነዶች አንብቦና ተረድቶ በቂ ዝግጅት የማድረግ ግዴታ ይኖርበታል፤
- 4) በአጀንዳነት ተይዘው ለጉባዔው ስብሰባ ወይም በጉባዔው ንዑስ ኮሚቴ በሚቀርቡ ጉዳዮች ላይ በንቃት በመሳተፍ የጉባዔው ክንውኖች ውጤታማ እንዲሆኑ የሚጠበቅበትን ጥረት ሁሉ ማድረግ ይኖርበታል፤

10) Shall submit performance report of the Council to the Commission, annually and to the Speaker, quarterly.

**12. Power and Duties of Vice Chairperson of The Council**

The Deputy Chairperson of the Council shall have the following power and duties:

- 1) Shall act on behalf of the Chairperson in the absence of the latter;
- 2) Shall carry out other responsibilities specifically entrusted to him by the Chairperson.

**13. Assigning Temporary Chairperson**

In the absence of the Deputy Chairperson or in the event that he is unable to serve on behalf of the Chairperson, the Chairperson of the Council shall assign acting chair from among the members of the Council.

**14. Responsibilities of Members of the Council**

Any member of the Council shall:

- 1) Attend all meetings convened by the Council unless prevented by force majeure;
- 2) Inform the Chairperson of the Council two days before the meeting when unable to attend meeting of the Council;
- 3) In accordance with this proclamation appear in the meeting of the Council with adequate preparation on the proposed agenda and documents sent to him ahead of the meeting.
- 4) Contribute to agenda items or participate in the Sub-Inquiry Committee to ensure the success of the council in carrying out its obligations;



5) Heera Mootummaa, seeraafi hojimaata Gumichaa kabajuufi kabachiisuu; ittigaafatamuummaa isaas akkaataa gartummaan ala ta'eefi sammuu bilisaatiin baha-chuuf ittigaafatamummaa qaba.

**15. Haala Hojiifi Faayidaa Miseensota Gumichaa**

- 1) Miseensonni Gumichaa, hojii Gumichaa deddeebiidhaan kan hojjetan ta'a.
- 2) Miseensonni Gumichaa guyyoota walgahii Gumichaa irratti argamaniifi miseensummaa isaaniitiin tajaajila dabalataa kennaniif durgoo oolmaafi durgoo geejjibaa ni kaffalamaaf. Tarreeffamni isaa Qajeelfama Gumiin baasuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Sadii  
Waa'ee Hiikaa Heeraa**

**16. Qajeeltoo Bu'uuraa**

- 1) Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaatuuf qoratee murteessuuf qajeeltoowwan hiikaa Heeraa hordofu qorannaan adda baafatee hojiirra oolchuu ni danda'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegameetti ta'ee, yemmuu calallii gaggeessu qajeeltoowwan armaan gadii bu'uura godhachuun kan raawwatu ta'a:
  - (a) Olaantummaa Heeraa;
  - (b) Seera duratti walqixxummaa lammiilee;
  - (c) Kabajamuu mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa;
  - (d) Qoodamaafi daangeffamaa aangoo mootummaa;
  - (e) Raawwii walfakkaataa qabaachuu seerota;
  - (f) Walsimannaa hiikaa seerota mirga namoomaa idil addunyaa, biyyaaleessaafi kanneen kana fakkaatan.

5) ህገመንግስቱን፣ የጉባኤውን ህጎች፣ መመሪያዎችና የአሰራር ሥነ-ሥርዓቶችን ማክበርና ማስከበር፤ ሃላፊነቱንም በገለልተኛነት እና በነፃ ህሊና የመወጣት ግዴታ አለበት።

**15. ስለ ጉባኤው አባላት የሥራ ሁኔታና ክፍያ**

- 1) የጉባኤው አባላት የጉባኤውን ሥራ በመመላለስ የሚያከናውኑት ይሆናሉ።
- 2) የጉባኤው አባላት በጉባኤው ስብሰባ ላይ በተሳተፉበት ቀናትና በአባልነታቸው ለሚሰጡት ተጨማሪ አገልግሎቶች የውሎ አበልና የትራንስፖርት አበል ይከፈላቸዋል። ዝርዝሩ ጉባኤው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል።

**ክፍል ሦስት**

**ህገ መንግሥትን ስለመተርጎም**

**16. መሠረታዊ መርህ**

- 1) ጉባኤው የሚቀርቡለትን ህገመንግስታዊ ክርክሮች ወይም የትርጉም ጥያቄዎችን አጣርቶ ለመወሰን የሚመራባቸውን የህገ መንግስት አተረጓጎም መርሆዎች በጥናት ላይ ተመስርቶ በመለየት ስራ ላይ ሊያውል ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) የተመለከተው እንደተጠበቀ ሆኖ ጉዳዮችን ሲያጣራ የሚከተሉትን መሰረታዊ የሕግ መርሆዎች ከግምት በማስገባት ይሆናል፡-
  - (ሀ) የህገ መንግስት የበላይነት፤
  - (ለ) የዜጎች በሕግ ፊት እኩል መሆን፤
  - (ሐ) የመሰረታዊ መብቶችና ነጻነቶች መከበር፤
  - (መ) የተገደበና የተከፋፈለ የመንግስት ስልጣን፤
  - (ሠ) የሕጎች ወጥ አተገባበር፤
  - (ረ) ከአለምአቀፍ ሰብአዊ መብቶች ህግጋት ጋር የተጣጣመ የህግ አተረጓጎምና የመሳሰሉት

5) Obey and ensure the observance of the Constitution, laws and rules of producers of the Council in discharge of his responsibilities in neutral and free conscience.

**15. Working Condition and Remuneration of Members of the Council**

- 1) Members of the council shall carry out their duties on a part-time basis.
- 2) The members of the inquiry assembly shall be paid per-diem and transport allowances for the days they participate in the assembly meeting and for the additional services they provide as members. Particulars shall be determined by directive to be issued by the Council.

**Part Three**

**Interpretation of the Constitution**

**16. Basic Principle**

- 1) The Council may formulate and implement principles of constitutional interpretation that it deems useful for examining and deciding constitutional matters presented to it.
- 2) Without prejudice to sub article 1 of this provision, the Council shall take into account the following principles:
  - (a) Supremacy of the Constitution;
  - (b) Equality before law;
  - (c) Respect for basic rights and freedoms;
  - (d) Separation and division power;
  - (e) Uniform application of laws;
  - (f) Consistent interpretations with the international, national, and other human rights laws.

**17. Barbaachisummaa**

Kaayyoon sirna hiikaa Heeraa diriirsuufi hojiirra oolchuudhaa inni bu'uuraan naannicha kees-satti ol'aantummaa Heeraa mirkaneessuu ta'ee keesattuu hiikaan Heeraa kan barbaachiseef:

- 1) Heerichi sanada seeraafi siyaasaa hariiroofi waliigalteen mootummaafi uummata naannichaa ittiin ibsamu ta'uun tilmaama keessa galee qabiyyeen isaa osoo irraa hin maqamne hojiirra ooluu isaaf eegumsa gochuu;
- 2) Heerichi amala isaatiin dhimmoota waliigalaa jechoota waliigalaatiin ibsamau kan hammate ta'uu isaatiin qabiyyee irratti qaawa yookiin garaagarummaa hiikaa uumamuu danda'aniif hiika sirrii ta'e kennuun qaawa jiru duuchuufi iftoomina uumuu;
- 3) Qaamoleen mootummaa itti-gaafatamummaa isaanitti kenname bahuuf seerota baasuus dabalatee murtiileen kennaniifi gochoonni raawwatan daangaa aangoo Heeraafi seeraan isaaniif kenname keesatti ta'uu to'achuu;
- 4) Gochootaafi murtiileen qaamolee mootummaa mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa lammiiileen Heeraan gonfatan kan hin sarbineefi kan kabajan ta'uu mirkaneeffachuu;
- 5) Sirna hiikaa Heeraa cimaa diriirsuun naannicha keessatti dagaa-gina Heeraafi heerawummaatiif gumaachuudha.

**18. Dhimmoota Gumichaan Calalaman**

- 1) Gumichi seerri yookiin barmaatileen hojii yookiin murteen qaama mootummaa yookiin hoogganaa kamiyyuu Heera Mootummaa waliin walfaallessa gaaffiin jedhu barreeffamaan yemmuu dhiyaatuuf ni calala; calallii taasisuun hiikaa Heera itti kennuun barbaachisaadha jedhee kan itti amane yoo ta'e, dhimmicha irratti yaada murtee Komishinichaaf ni dhiyeessa.

**17. አስፈላጊነት**

የሕገመንግስት ትርጉም ሥርዓትን የመዘርጋትና ሥራ ላይ የማዋል ዋና ንዓላማ በክልሉ የህግ የበላይነትን ማረጋገጥ ሲሆን በተለይም ሕገመንግስትን መተርጎም ያስፈልገበት ምክንያት፡-

- 1) ሕገ መንግስቱ በክልሉ መንግስትና ህዝብ መካከል ለሚኖረው ግንኙነት በመግባቢያነት የሚያገለግል የህግና የፖለቲካ ሰነድ መሆኑ ከግምት ገብቶ ሳይዛነፍ ይዘቱን ጠብቆ ሥራ ላይ ስለመዋሉ ጥበቃ ለማድረግ፤
- 2) ሕገ መንግስት በባህሪው ጠቅላላ ጉዳዮች በጥቅል ቃላት የሚገለጹበት ድንጋጌዎችን የያዘ ሰነድ በመሆኑ ምክንያት በይዘቱ ላይ ሊያጋጥሙ የሚችሉ ክፍተቶች ወይም የአረዳድ ልዩነቶችን በትርጉም በመፍታት ግልጽነትን መፍጠር፤
- 3) የመንግስት አካላት የተጠለባቸውን ሃላፊነት ለመወጣት ሲሉ ህጎች መውጣትን ጨምሮ የሚያሳልፏቸው ውሳኔዎችና የሚፈጽሟቸው ተግባራት በህገመንግስቱና በሕግ በተሰጣቸው የሥልጣን ክልል መሆናቸውን ማረጋገጥ፤
- 4) የመንግስት አካላት በሚያከናውኗቸው ተግባራትና በሚሰጣቸው ውሳኔዎች ህገ መንግስቱ ለዜጎች ያገናጸፋቸውን መሠረታዊ መብቶችና ነጻነቶች ያልጣሱና ያከበሩ መሆናቸውን ማረጋገጥ፤
- 5) ጠንካራ የህገመንግስት ትርጉም ሥርዓት እንዲዘረጋ በማድረግ በብሄራዊ ክልላዊ መንግስቱ ለሕገመንግስቱና ህገመንግስታዊነት መጎልበት የድርሻውን ማበርከት፤

**18. በጉባኤው ስለሚጣሩ ጉዳዮች**

- 1) ጉባኤው ማንኛውም ሕግ፣ ልማዳዊ አሰራር ወይም የመንግስት አካል ወይም የባለስልጣን ውሳኔ ከሕገ መንግስቱ ጋር ይቃረናል የሚል ጥያቄ በጽሑፍ ሲቀርብለት ያጣራል፤ በሚያደርገው ማጣራት ሕገ መንግስቱን መተርጎም አስፈላጊ ሆኖ ሲያገኘው በጉዳዩ ላይ የውሳኔ ሃሳብ ለኮሚሽኑ ያቀርባል።

**17. Significance**

The objective of designing and implementing the constitutional interpretation system is to ensure the supremacy of the constitution with the following particulars:

- 1) Considering the constitution is the legal and political document that governs the contract relationship between the government and the people of the region, protect and ensure its thorough application preserving its content;
- 2) As the Constitution, by its very nature, contains general subjects articulated in general terms, it should provide a proper interpretation of any gaps or inconsistencies in interpretation that may occur in the content in order to bridge the gaps and create transparency;
- 3) Ensure that the decisions and actions of governmental organs, including the law making, to discharge their responsibilities do not exceed the power limits allocated to them by the Constitution and the law;
- 4) Ensure that the actions and decisions of government bodies do not violate and respect the fundamental rights and freedoms of citizens guaranteed by the Constitution;
- 5) Establishing a strong constitutional interpretation system in order to contribute to the development of the Constitution and constitutionalism in the region.

**18. Issue to be Submitted to the Council**

- 1) When the unconstitutionality of any law or customary practice or decision of government organ or decision of government official is submitted in writing to the Council, it shall consider the matter; should the Council, upon consideration of the matter, find it necessary to interpret the Constitution, it shall submit its recommendation thereon to the Commission.



- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa Itiin dhimmi hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyaachuu danda'u:
- (a) Dhimma Mana Murtiitti dhiyaatee murtaa'uu danda'u ta'ee, Mana Murtii aangoo qabutti dhiyaatee kan ilaalamaa jiru yookiin ilaalamee kan murtee dhumaa argate;
- (b) Dhimma qaama bulchiinsaatti dhiyaatee murtaa'uu danda'u ta'ee, dhimmicha ilaalee murteessuuf qaama raawwachiisaa sadarkaan jiruufi aangoo qabuuf dhiyaatee murtee dhumaa kan argate;
- (c) Dhimmoota Mana Murtiitti dhiyaatanii murtaa'uu hin dandeenye kamiyyuu.

**19. Dhimma Mana Murtiin Ilaalamaa Jiru Irratti Gaaffii Hiikaa Heeraa Mana Murtiitiin Dhiyaatu**

- 1) Dhimma Mana Murtiin ilaalamaa jiru irratti gaaffiin hiikaa Heeraa Mana Murtii dhimmicha ilaalaa jiruun Gumichaaf dhiyaachuu ni danda'a.
- 2) Manni Murtii dhimmicha ilaalaa jiru gaaffii hiikaa Heeraa Gumichaaf kan ergu dhimmicha irratti murtee kennuudhaaf hiikaa Heeraa itti kennuun barbaachisaadha jedhee yoo amane qofaadha.
- 3) Manni Murtichaa gaaffiin hiikaa Heeraa Gumichaaf ergu, qabxii hiikaan Heeraa itti kennamuu qaba jedhee amane qofa irratti ta'a.
- 4) Manni Murtichaa gaaffiin hiikaa Heeraa Gumichaaf erge hanga bu'aan isaa beekamee isa dhaqqabutti, dhimmicha irratti murtee osoo hin kennin tursiisuu qaba.

**20. Dhimma Mana Murtiitiin Ilaalamaa Jiru Irratti Gaaffii Hiikaa Heeraa Abbaa Dhimmaatiin Dhiyaatu**

- 1) Abbaan dhimmaa Mana Murtiitti falmiirra jiru kamiyyuu dhimmicha murteessuuf hiikaan Heeraa barbaachisaadha jedhee yoo amane gaaffii isaa Gumichaaf dhiyeeffachuu ni danda'a.

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ መሠረት የሕገ መንግሥት ትርጉም ጉዳይ ለጉባዔው ሊቀርብ የሚችለው፡-

- (ሀ) በፍርድ ቤት ሊወሰን የሚችል ሆኖ ስልጣን ላለው ፍርድ ቤት ቀርቦ እየታየ ያለ ወይም ታይቶ የመጨረሻ ውሳኔ የተሰጠበት፤
- (ለ) በአስተዳደር አካል ሊወሰን የሚችል ከሆነ ጉዳዩን አይቶ ለመወሰን በየደረጃው ስልጣን ላለው አስፈጻሚ አካል ቀርቦ የመጨረሻ ውሳኔ የተሰጠበት፤
- (ሐ) በፍርድ ቤት ሊወሰን በማይችል በማንኛውም ጉዳይ ላይ።

**19. በፍርድ ቤት እየታዩ ባሉ ጉዳዮች ላይ በፍርድ ቤት ስለሚቀርብ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ**

- 1) በፍርድ ቤት እየታዩ ባሉ ጉዳዮች ላይ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ጉዳዩን በየዘው ፍርድ ቤት አማካኝነት ለጉባዔው ሊቀርብ ይችላል።
- 2) ጉዳዩን የያዘው ፍርድ ቤት የትርጉም ጥያቄ ለጉባዔው የሚልከው ጉዳዩን ለመወሰን ሕገ መንግሥቱን መተርጎም ያስፈልጋል ብሎ ሲያምን ነው።
- 3) ፍርድ ቤቱ ለጉባዔው የሚልከው ጥያቄ፣ የሕገ መንግሥት ትርጉም መስጠት አስፈላጊ ነው ብሎ ያመነበትን ነጥብ ብቻ በመለየት ይሆናል።
- 4) የትርጉም ጥያቄ ለጉባዔው የላከው ፍርድ ቤት በጉዳዩ ላይ ጉባኤው የሚሰጠው ውሳኔ አስኪደርሰው በጉዳዩ ላይ ውሳኔ ላይሰጥ ባለበት ማቆየት ይኖርበታል።

**20. በፍርድ ቤት እየታዩ ባሉ ጉዳዮች ላይ በባለጉዳዩ ስለሚቀርብ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ**

- 1) በፍርድ ቤት እየታዩ ባሉ ጉዳዮች ተከራካሪ የሆነ ማንኛውም ባለጉዳይ የሕገ መንግሥት ትርጉም ያስፈልገዋል ብሎ ካመነበት ለጉባዔው ጥያቄ ሊያቀርብ ይችላል።

2) Issue of constitutional interpretation to be submitted to the Council in accordance with sub-article (1 ) of this Article shall be:

- (a) If it is justiciable matter of court, when it has been brought to, and heard by or pending before the court having jurisdiction and finally decided;
- (b) If it is a matter that can be decided by administrative organ, when a final decision has been rendered by the competent executive organ with due hierarchy to consider it;
- (c) Any non justiciable matter.

**19. Constitutional Interpretation Inquired by the Courts on Pending cases**

- 1) When constitutional interpretation arises in matters before the courts, the court may refer the matter to the Council.
- 2) The court hearing the case shall refer the question of constitutional interpretation to the Council if it deems that the interpretation of the constitution is essential to deciding the matter.
- 3) The court hearing the case shall limit its request to the issue it deems essential for constitutional interpretation when referring to the Council.
- 4) The court shall keep the case pending until the Council makes a decision and returns the constitutional interpretation issue presented to it by the court.

**20. Constitutional Interpretation Inquired on Pending Cases by the Parties**

- 1) Any interested party may submit a pending court case to the Council, if he believes that the interpretation of the constitution is essential to decide the matter.

- 2) Tumaan waliigalaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, abbaan dhimmichaa gaaffii hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyeessuu isaatiin dura Manni Murtii dhimmicha ilaalaa jiru gaaffii hiikaa Heeraa Gumichaaf akka ergu gaafachuun irra jiraata.
- 3) Manni Murtii gaaffiin hiikaa Heeraa dhiyaateef dhimmicha irratti hiikaa Heeraa itti kennuun barbachisaa ta'uu yoo itti amane, gaaficha Gumiif ni erga; abbaa dhimmaa gaaffii hiikaa Heeraa gaafateefis ni beeksisaa.
- 4) Manni Murtii gaaffiin hiikaa Heeraa dhiyaateef gaaficha kan hin fudhanne yoo ta'e, murticha kennee guyyoota 30 keessatti abbaa dhimmaa gaaficha dhiyeef-fatef beeksisuu qaba.
- 5) Abbaan dhimmichaa yoo barbaade guyyaa murticha beeke irraa kaasee guyyoota 30 keessatti dhimmicha Gumichaaf dhiyeef-fachuu ni danda'a.
- 6) Abbaan dhimmichaa hiikaan Heeraa Gumichaaf dhiyeessu qabxii hiikaan Heeraa itti kennamuu qabu qofaa irratti ta'a.
- 7) Gumichi, gaaffii hiikaa Heeraa abbaa dhimmaa irraa dhiyaateef qoratee hanga murtee kennutti, dhimmi Mana Murtii jiru osoo hin murtaa'in akka turu barreeffaman beeksisuu qaba.

**21. Gaaffii Hiikaa Heeraa Dhimmoota Manneen Murtiitiin Murtaa'an Irratti Ka'an**

- 1) Namni murteen Manni Murtii murteesse mirga Heeraa koo miidheera yookiin sarbeera jedhu kamiyyuu, gaaffii hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Gaaffiin mirgi Heeraa koo miidhameera yookiin sarbameera jedhamee dhiyaatus mirga miidhame yookiin sarbame jedhamu qofaa irratti ta'uu qaba.

- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ መሠረት የተደነገገው ቢኖርም ባለጉዳዩ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ለጉባዔው ከማቅረቡ በፊት ጉዳዩን የያዘው ፍርድ ቤት የትርጉም ጥያቄ ለጉባዔው እንዲልክለት ለፍርድ ቤቱ ጥያቄ ማቅረብ ይኖርበታል።
- 3) ጥያቄው የቀረበለት ፍርድ ቤት የሕገ መንግሥት ትርጉም አስፈላጊ መሆኑን አምናበት የተቀበለው እንደሆነ ጥያቄውን ለጉባዔው ይልካል፤ ይህንኑ ጥያቄውን ላቀረበው ባለጉዳይም ያሳውቃል።
- 4) ጥያቄው የቀረበለት ፍርድ ቤት ጥያቄውን ያልተቀበለው እንደሆነ ውሳኔውን ከሰጠበት ቀን አንስቶ እስከ 30 ቀናት ባለው ጊዜ ባለጉዳዩ ያሳውቃል።
- 5) ባለጉዳዩም ከፈለገ ለጉባዔው ጥያቄውን ማቅረብ የሚችለው ይህንኑ የፍርድ ቤት ውሳኔ ባወቀ በ30 ቀናት ውስጥ ይሆናል፤
- 6) ባለጉዳዩ ለአጣሪ ጉባዔው የሚያቀርበው ጥያቄ የሕገ መንግሥት ትርጉም ለመስጠት አስፈላጊ የሆነውን ነጥብ ብቻ በመለየት ይሆናል።
- 7) ጉባዔውም በባለጉዳዩ የቀረበለትን ጉዳይ መርምሮ ውሳኔ እስከሚሰጥበት ጉዳዩን የያዘው ፍርድ ቤት ውሳኔ ሳይሰጥበት ባለበት እንዲያቆየው በጽሁፍ ሊያስታውቀው ይገባል።

**21. በፍርድ ቤት ታይተው ውሳኔ ባገኙ ጉዳዮች ላይ ስለሚቀርብ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ**

- 1) በፍርድ ቤት የተሰጠው ውሳኔ ሕገመንግስታዊ መብቱን ጎድቷል ወይም ጥሷል የሚል ማንኛውም ሰው የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ለጉባዔው ሊያቀርብ ይችላል።
- 2) የህገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ የሚያቀርበው ሰው በውሳኔው ተጎድቷል ወይም ተጥሷል የሚለውን ህገመንግስታዊ መብቱን ለይቶ በማመልከት ብቻ መሆን ይኖርበታል።

- 2) Notwithstanding to the generality of sub article (1) of this Article, the interested party shall, prior to presenting the matter to the Council, request that the court hearing the case refer the question of constitutional interpretation to the Council.
- 3) The court hearing the case shall refer the question of constitutional interpretation to the Council if it finds that the interpretation of the constitution is essential to deciding the matter and notify the party that raised the constitutional interpretation issue.
- 4) If the court rejects the request for interpretation of the Constitution, it must notify the petitioner party of its judgment within 30 days.
- 5) The interested party may submit his case to the Council within 30 days from the date of becoming aware of the decision.
- 6) The interested party, in submitting his case to the Council, shall limit its request to the issue it believes require constitutional interpretation.
- 7) The Council shall issue a written order to the court to keep the case pending until it renders a decision on the constitutional interpretation question filed by the interested party.

**21. Constitutional Interpretation Inquired on Cases decided by Courts**

- 1) Any person who claims that a decision of the Court has damaged or violated his Constitutional rights may submit a request for interpretation of the Constitution to the Council.
- 2) The question of alleged violations of constitutional rights must be limited to the allegedly violated or damaged rights.



3) Gaaffiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2tiin dhiyaatus, Mana Murtii ol'iyyannoo ilaaluuf aangoo qabuuf dhiyaatee murteen dhumaa kan itti kenname ta'uu qaba.

4) Gumichi gaaffii dhiyaateef ilaaluun hanga yaada murtee dhumaa kennutti, murteen Mana Murtiin dhimmicharratti kenname akka hin raawwatamne Mana Murtii dhimmicha irratti murtee kenneef barreeffamaan beeksisuu qaba.

**22. Gaaffii Hiikaa Heeraa Dhimmoota Manneen Murtiitiin Alaa Irratti Ka'an**

1) Namni murteen dhumaa qaama mootummaa yookiin abbaa aangoo naannichaa kaminiyyuu kenname mirgaafi bilisummaan bu'uura Heeraan gonfadhe nasarbeeru jedhu kamiyyuu, gaaffii hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyeef-fachuu ni danda'a.

2) Gaaffiin hiikaa Heeraa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tti dhiyaatu, dhimmichi qaama Mootummaa sadarkaan jiruufi dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyaatee murteen dhumaa kan irratti kenname yoo ta'e qofaadha.

3) Gaaffiin hiikaa Heeraa dhimma Mana Murtiin murtaa'uu hindandeenye kamiyyuu, sagalee tokko sadeessoofi isaa oli miseensota Caffetiin yookiin Qaama Raawwachiiftuu Naannichaatiin Gumichaaf dhiyaachuu ni danda'a. Tareeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.

**23. Haala Gaaffiin Hiikaa Heeraa Itti Dhiyaatu**

1) Gaaffiin hiikaa Heeraa, seerri yookiin murteen qaamolee mootummaa Naannichaatiin kenname Heera waliin kan walfaallessu yookiin hiikaa Heeraa barbaachisa jedhamee dhiyaatu kamiyyuu, tarreeffamni isaa barreeffamaan qophaa'ee ragaa dhimmichaan walqabatu hunda waliin dhiyaachuu qaba.

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ እና /2/ መሠረት የሚቀርብ ጥያቄ ውሳኔውን በይግባኝ ለማየት ሥልጣኑ ላለው ፍርድ ቤት ቀርቦ የመጨረሻ ውሳኔ የተሰጠበት ሊሆን ይገባል።

4) ጉባኤውም ጥያቄውን መርምሮ የመጨረሻ የውሳኔ ሀሳብ እስኪሰጥበት ድረስ በጉዳዩ ላይ በፍርድ ቤት የተሰጠው ውሳኔ እንዳይረጸም ውሳኔውን ለሰጠው ፍርድ ቤት በጽሁፍ ሊያስታውቀው ይገባል።

**22. በፍርድ ቤት ከሚታዩት ውጪ ባሉ ጉዳዮች ላይ ስለሚቀርብ የሕገመንግሥት ትርጉም ጥያቄ**

1) በማንኛውም የመንግሥት አካል ወይም የክልሉ ባለሥልጣን በተሰጠ የመጨረሻ ውሳኔ ምክንያት በሕገ መንግሥቱ የተደነገገው መሠረታዊ መብቴና ነፃነቱ ተጥሷል የሚል ማንኛውም ሰው የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ለአጣሪ ጉባኤው ሊያቀርብ ይችላል።

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ መሠረት የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ለጉባኤው የሚቀርበው የመብት መጣስ አቤቱታ ጉዳዩን አይቶ ለመወሰን በየደረጃው ስልጣን ላለው የመንግሥት አካል ቀርቦ የመጨረሻ ውሳኔ የተሰጠበት ከሆነ ብቻ ነው።

3) በፍርድ ቤት ሊዳኙ በማይችሉ ጉዳዮች ላይ የሚቀርብ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ በ1/3ኛ የጨፌ አባላት ወይም በክልሉ ሥራ አስፈጻሚ አማካኝነት ለአጣሪ ጉባኤው ሊቀርብ ይችላል። ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**23. የህገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ አቀራረብ**

1) ማንኛውም ህግ ወይም የመንግስት አካላት ውሳኔ ከህገ መንግሥቱ ጋር ይቃረናል ወይም የህገመንግስት ትርጉም የሚያስነሳ ነው በሚል ለአጣሪ ጉባኤው የሚቀርብ ማናቸውም ጥያቄ በዝርዝር በጽሁፍ ሆኖ ከጉዳዩ ጋር ተያያዥነት ያላቸው ማስረጃዎች አብረው ሊቀርቡ ይገባል።

3) Any application submitted in accordance with sub-article 1 and 2 of this article, shall be made to the council only if the case has been exhausted by the court with jurisdiction and hierarchy to consider it.

4) The Council shall issue a written order to the concerned court to stay the execution of the case, pending a final recommendation by the Council.

**22. Inquiring for Constitutional Interpretation on Issues outside of the courts**

1) Any person who alleges that his fundamental right and freedom provided under the Constitution have been violated due to the final decision rendered by government organ or regional official may submit his case to the Council for constitutional interpretation.

2) Issue of constitutional interpretation may be submitted to the Council in accordance with sub-article (1) of this Article, when a final decision has been rendered by government organ having competency to decide on the claim for violation of right with due hierarchy to consider it.

3) Constitutional interpretation on any unjusticiable matter may be submitted to the Council by one-third vote or more members of the Caffee or executive organ of the region. The details shall be determined by regulation to be issued.

**23. Application Procedure for Constitutional Interpretation**

1) Any request for interpretation of the Constitution, alleging that a legislation or decision of a Regional Government official is inconsistent with the Constitution, or requiring interpretation of the Constitution, shall be submitted in writing and accompanied by relevant evidences.

- 2) Gaaffiin hiikaa Heeraa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa Itti dhiyaatu, qaama seerri bahe yookiin murteen kenname mirga koo yookiin mirga garee kootii miidheera yookiin sarbeera jedhuun yookiin bakka bu'aa seera qabeessa ta'een Gumichaaf dhiyaachuu ni danda'a.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa Itti namni gaaffii hiikaa Heeraa dhiyeesse kan du'e yoo ta'e, yookiin dandeettiin gaaffii kana dhiyeessuu yoo irraa mulqame Gumicha hayyamsiisuun karaa bakka bu'aa isaatiin gaaffichi kan itti fufu ta'a.
- 4) Raawwiin Keewwata kanaa Qajeelfama Gumichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**24. Dhimmoota Qajeelchuu**

Walitti Qabaan Gumichaa, dhimmoota dhiyaatan irratti yaadni ogummaa akka qophaa'u Koree Gumii Xiqqaaf yookiin ogeessota Waajjiraatiif dursee qajeelchuu ni danda'a. Raawwiin isaa Qajeelfama Gumiin baasuun kan murtaa'u ta'a.

**25. Waa'ee Yaada Ogummaa Walitti Qabuu**

- 1) Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaateef irratti murtee isaa kennuun dura qaamolee mootummaa yookiin ogeessoni rogummaa qaban jedhamee itti amaname dhiyaatanii dhimmi cha irratti yaada akka kennan tasisuu ni danda'a.
- 2) Namni yaada ogummaa akka kennu Gumichaan gaafatame kamiyyuu, yaada ogummaa gaafatame kennuuf dirqama qaba.

- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ መሠረት ለጉባኤው የሚቀርበው የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ የወጣው ህግ ወይም የተሰጠው ውሳኔ ህገ መንግስታዊ መብቱን ወይም እርሱ አባል የሆነበትን ቡድን መብት የጣሰ ነው በሚል ሰው ወይም ህጋዊ ወኪሉ ሊቀርብ ይችላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ መሠረት የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ለጉባኤው ያቀረበ ሰው የሞተ ወይም ጥያቄውን የማቅረብ ችሎታውን ያጣ ወይም የተነፈገ ከሆነ ጉባኤውን በማስፈቀድ በወኪሉ አማካይነት ሊያቀርብ ይችላል።
- 4) የዘሀ አንቀጽ አፈጻጸም ጉባኤው በሚያወጠው መመሪያ ይወሰናል።

**24. ጉዳዮችን ስለመምራት**

የጉባኤው ሰብሳቢ በቀረቡ ጉዳዮች ላይ የሙያ አስተያየት እንዲዘጋጅ ለንዑስ አጣሪ ኮሚቴ አባላት ወይም ለጽ/ቤቱ ባለሙያዎች በቅድሚያ ይመራል። ዝርዝር አፈጻጸሙ ጉባኤው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል።

**25. የሙያ አስተያየት ስለማሰባሰብ**

- 1) ጉባኤው በቀረበለት የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ላይ የራሱን ውሳኔ ከመስጠቱ ወይም ለኮሚሽኑ የውሳኔ ሀሳብ ከማቅረቡ በፊት አግባብነት አላቸው ብሎ የሚያምንባቸው ተቋማት ወይም ባለሙያዎች ቀርበው አስተያየት እንዲሰጡ ሊያደርግ ይችላል፤
- 2) የሙያ አስተያየት እንዲሰጥ በጉባኤው የተጠየቀው ሰው የሙያ አስተያየቱን የመስጠት ግዴታ አለበት።

- 2) The request for constitutional interpretation pursuant to sub-article 1 of this article shall be submitted to the Council by an interested party or his legal representative who alleges that a law or administrative decision violates his individual or group rights.
- 3) If the person who submitted the question of constitutional interpretation in accordance with sub article 1 of this article dies or becomes incapable, is deprived of the capacity to submit such request, the request shall be continued through his representative with the permission of the Council.
- 4) The application of this Article shall be determined by the directives to be issued by the Council.

**24. Forwarding of Cases**

The Chairperson of the Council may refer cases submitted for constitutional interpretation to members of the Sub-Inquiry Committee or Office experts for the preparation of professional opinions. The details shall be determined by the directives to be issued by the Council.

**25. Gathering Professional Opinions**

- 1) The Council may, before rendering a decision on cases brought to it for constitutional interpretation, invite relevant governmental institutions or professionals, to appear before it and give opinions.
- 2) Any person requested by the Council to give an expert opinion shall have the obligation to give requested expert opinion.



**26. Calallii Hiikaa Heeraa Keessatti Sirna Hordofamu**

- 1) Kan Labsii kana Keewwata 16 jalatti tumame akkuma jiruutii ta'ee, Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaateef qoratee murteesuuf sirnaafi qajeeltoowwan ni fayyadan jedhee itti amane adda baasee hojiirra oolchuu ni danda'a.
- 2) Gaaffiin hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyaate mirgootaafi bilisummawwan bu'uuraa Heera keessatti hammataman yoo ta'an, yaadni murtee isaa tumaalee waliigalteewwaniifi sanadoota mirgoota namoomaa idil-addunyaa Itoophiyaan fudhatte, akkasumas murtee Manni Maree Federeeshinii dhimmota kanaan walqabatee murteesse waliin karaa walsimateen hiikamuu qaba.

**27. Waa'ee Deebii Kennuu**

Gaaffiin hiikaa Heeraa garee falmataa tokkoon dhiyaate dhimma Mana Murtiitti ilaalamaa jiru waliin kan walqabatu yoo ta'e, akka barbaachisummaa isaatti falmataan inni biraa yaada isaa akka kennu yookiin ragaalee isaa akka dhiyeeffatu carraan kennamuufii ni danda'a.

**28. Qaama Heerawummaa Hubachiisu**

Heerawummaan seeraa tokkoo walfalmisiisaa ta'ee yemmuu argamu, dirqamni hubachiisuu kan qaama dhimmoota seeraa irratti Mootummaa Naannichaa gorsuuf aangoon kennameef ta'a.

**29. Hojimaata Gumii Calaltuu Dhimmoota Heeraa**

- 1) Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaataniif irratti marii kan taasisu akkaataa walduraa duuba gaaffiiwwan dhiyaataniin ta'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, Gumichi dhimma ariifachiisaa, ulfaataa, walxaxaa fi barbaachisaa ta'an jedhee amane dursa kenneefii calaluu ni danda'a.

**26. ጉዳዮችን የማጣራት ሂደት ስለሚመራበት ሥርዓት**

- 1) በዚህ አዋጅ በአንቀጽ 16 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ጉባኤው የቀረበለትን የህገመንግስት ትርጉም ጥያቄ አጣርቶ ለመወሰን ጠቃሚ ናቸው ብሎ ያመነባቸውን የአሰራር ስርዓቶችና መመሪያዎች በየጊዜው አውጥቶ ስራ ላይ ሊያውል ይችላል።
- 2) ለጉባኤው የቀረበው የህገመንግስት ትርጉም ጥያቄ በህገመንግስቱ የተመለከቱ መሰረታዊ መብቶችና ነጻነቶች ጥሰትን መነሻ ያደረገ ከሆነ የውሳኔ ሀሳብ ኢትዮጵያ ካጸደቀቻቸው አለምአቀፍ የሰብአዊ መብቶች ስምምነቶች፣ እንዲሁም የኢ.ፌ.ዲ.ሪ ፌዴሬሽን ምክር ቤት በመሰል ጉዳች ላይ ከሰጠው ውሳኔ ጋር በተጣጣመ ከኳ.ጋ.ን የተተረጎሙ ሊሆን ይገባል።

**27. መልስ ስለመስጠት**

ለጉባኤው የቀረበው ጥያቄ በፍርድ ቤት በመታየት ላይ ካለ ጉዳይ ጋር የተያያዘ ሆኖ በአንደኛው ተከራካሪ ወገን የቀረበ እንደሆነ እንደአስፈላጊነቱ ሌላው ወገን አስተያየቱን እንዲሰጥ ወይም ማስረጃዎቹን እንዲያቀርብ ዕድል ሊሰጠው ይችላል።

**28. ሕገ-መንግሥታዊነትን ስለሚያስረዳ አካል የአንድ ሕግ ሕገ-መንግሥታዊነት አከራካሪ ሆኖ ሲገኝ የማስረዳት ግዴታ የሚጣለው እንደነገሩ ሁኔታ የክልሉን መንግሥት በሕግ ጉዳዮች ላይ የማማከር ሥልጣንና ተግባር በተሰጠው የመንግሥት አካል ይሆናል ።**

**29. የህገ መንግስት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤ አሰራር**

- 1) አጣሪ ጉባኤው በቀረቡለት ጉዳዮች ላይ ውይይት የሚያደርገው እንደአቀራረባቸው ቅደም ተከተል ነው።
- 2) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ቢኖርም ጉባኤው አስቸኳይ፣ ውስብስብና አስፈላጊ ነው ብሎ ላመነበት ጉዳይ ቅድሚያ ሰጥቶ ሊያጣራ ይችላል።

**26. Procedures in Screening Issues of Constitutional Interpretation**

- 1) Without prejudice to the provisions of Article 16 of this proclamation, the Council may develop and adopt the procedures and guidelines it deems essential for scrutinizing and deciding the issue of Constitutional interpretation.
- 2) If the question of interpretation of the Constitution submitted to the Council pertains to the fundamental rights and freedoms enshrined in the Constitution, the Council shall make its recommendation in accordance with the provisions of international human rights treaties and instruments adopted by Ethiopia and the decisions of the House of Federation on similar matters.

**27. Rejoinder**

If the question of constitutional interpretation submitted by one party is related to the issue before the court, the opposing party may be invited to speak or offer evidence, if necessary.

**28. Body That Explains The Constitutionality**

Where the constitutionality of a legislation is contested, a governmental body which has the power to consult the regional government shall be required to explain, if applicable.

**29. Working Procedure of Constitutional Inquiry Council**

- 1) The Council shall discuss the cases of interpretation of the Constitution in the order of precedence.
- 2) Notwithstanding sub article 1 of this Article, the Council may prioritize the cases that it deems urgent, complex and critical.

- 3) Gumichi dhimma qabatee jiru akkaataa tumaa Heerichaa Keewwata 12 Keewwata Xiqqaa Itti karaa ummataaf ifa ta'een ilaaluu qaba.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti ibsame jiraatus, Gumichi dhimmoota ifa ta'uu hinqaban jedhee itti amane waltajjii cufaadhaan ilaaluu ni danda'a.
- 5) Akkaataa mariin itti gaggeef-famu Qajeelfama Gumichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**30. Murteefi Yaada Murtee**

- 1) Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaateef erga qoratee booda:
  - (a) Heera Mootummaa hiikuun barbaachisaa ta'ee kan hin argamne yoo ta'e, gaaffii dhiyaateef kufaa gochuun murtee isaa qaama gaaf-ficha dhiyeesseef barreeffamaan ni beeksisa;
  - (b) Heera Mootummaa hiikuun ni barbaachisa jedhee yoo amane, yaada murtee, ragaalefi sanadoota dhimichaan walqabatan waliin walqabsiisee Komishinichaaf ni dhiyeesa.
- 2) Murteen yookiin yaadni murtee Gumichaa tarreeffama dhimma dhiyaatee, sababa hiikaan Heeraa ni barbaachisa yookiin hin barbaachisu jedhameefi xumura irra gahe haala ifatti agarsiisuu danda'uun ta'uu qaba.
- 3) Gumichi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) tiin murtee kenne abbaa dhimmaa beeksisuuf, akkasumas akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(b) tiin yaada murtee irra gahe Komishinichaaf erguuf yeroon barbaachisu Qajeelfama Gumichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

- 3) ጉባዔው የያዘውን ጉዳይ በሕገ-መንግሥቱ አንቀጽ 12 ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት ለሕዝብ ግልጽ በሆነ መንገድ ሊያይይ ይገባል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 የተደነገገው ቢኖርም ጉባኤው ይፋ መሆን የለባቸውም ብሎ ያመነባቸውን ጉዳዮች በዝግ ሊያያቸው ይችላል።
- 5) ውይይት የሚካሄድበት ሁኔታ ጉባኤው በሚያወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**30. ውሳኔና የውሳኔ ሃሳብ**

- 1) ጉባዔው የቀረበለትን የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ከመረመረ በኋላ፦
  - (ሀ) ሕገ መንግሥቱን መተርጎም አስፈላጊ ሆኖ ካላገኘው የቀረበለትን ጥያቄ ውድቅ በማድረግ ውሳኔውን ለአቤቱታ አቅራቢው በጽሁፍ ያሳውቃል፤
  - (ለ) ህገ መንግስት መተርጎም ያስፈልጋል ብሎ ሲያምን የውሳኔ ሀሳብንና ከጉዳዩ ጋር የተያያዙ መረጃዎችና ሰነዶችን አያይዞ ለኮሚሽኑ ይልካል።
- 2) የጉባዔው ውሳኔ ወይም የውሳኔ ሃሳብ የቀረበውን ጉዳይ ዝርዝር መግለጫ፣ የሕገ መንግሥት ትርጉም ያስፈልጋል ወይም አያስፈልግም ያለበትን ምክንያትና የደረሰበትን መደምደሚያ በግልጽ የሚያሳይ መሆን ይኖርበታል።
- 3) ጉባዔው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ (ሀ) መሠረት የሰጠውን ውሳኔ ለባለጉዳዩ ለማሳወቅ፣ እንዲሁም በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /1/ (ለ) መሠረት የደረሰበትን የውሳኔ ሃሳብ ለኮሚሽኑ ለመላክ የሚያስፈልገው ጊዜ ጉባኤው በሚያወጣው መመሪያ ይወሰናል ።

- 3) The Council shall handle issues at its disposal in a publicly transparent manner in accordance with article 12, sub article 1 of the constitution.
- 4) Notwithstanding to sub-article 3 of this Article, the Council may, if deemed appropriate, meet in closed session to discuss matters.
- 5) The meeting procedure shall be determine by directive to be issued by the Council.

**30. Decision and Recommendation**

- 1) The Council, after examining the application for constitutional interpretation, shall:
  - (a) Reject the application and notify same in writing to the applicant if it finds there is no need for constitutional interpretation;
  - (b) Submit its recommendation to the Commission together with related information and documents if it believes there IS a need for constitutional interpretation.
- 2) The decision or recommendation of the Council shall clearly show the detailed description of the case, the reason it believes there is a need or no need for constitutional interpretation and its conclusion.
- 3) The time limit within which the Council notifies its decision to the applicant in accordance with sub-article ( I)(a) of this Article or submits its recommendation to the Commission in accordance with sub-article ( 1) (b) of this' Article shall be determined by a directive to be issued by the Council



**31. Waa'ee Kenniinsa Murtee**

- 1) Gumichi gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaateef sirnaan erga qorate booda, murtee kan kennu sagalee walta'iinsaatiin ta'a.
- 2) Gumichi sagalee walta'iinsaatiin murteessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, yaada murtee kan ta'u sagalee caalmaadhaan kan deeggarame ta'a. Yaadonna sagalee xiqqaa murtee Gumichaa waliin akka walqabatan ni taasifama.
- 3) Sagaleen kenname walqixa yoo ta'e, yaadni Walitti Qabaan deeggarame murtee Gumichaa ta'a.
- 4) Miseensi Gumichaa kamiyyuu, dhimma sababa ogummaa, faayidaa, firooma seeraan taa'eefi kan birootiin gaaffii hiikaa Heeraa dhiyaate waliin walitti dhufeenya yoo qabaate walgahii dhimmichi itti ilaalamu irraa ni ka'a.
- 5) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti tumame dhimmoota armaan gadii hin dabalatu:
  - (a) Dhimmicha miseensa Caffee ta'uun seerri yoo bahu beekuu isaatiin;
  - (b) Ogeessa seeraa ta'ee yaada ogummaa dhimmicha irratti waan kenneef.
- 6) Walitti Qabaa yookiin Itti Aanaa Walitti Qabaan Gumichaa yookiin lamaan isaaniiyuu dhimma gaaffii hiikaan Heeraa irratti dhiyaate dursaan Mana Murtiitti kan ilaalan yoo ta'e, Walitti Qabaan Gumichaa miseensota Gumii keessaa nama walgahii Gumichaa walitti qabu bakka buusuun walgahicha irraa ni ka'a.

**32. Dhimmoota Yeroo Gabaabaa Keessatti Murteessuu**

- 1) Gumichi dhimma dhiyaateef akkaataa ariifachiisummaa dhimma dhiyaatee yaada keessa galchuun bu'uura yeroo Labsii kana keessatti taa'een qorachuudhaan murtee kennuu qaba.

**31. ስለውሳኔ አሰጣጥ**

- 1) አጣሪ ጉባዔው የቀረበለትን ጉዳይ በአግባቡ ከመረመረ በኋላ የሚሰጠው ውሳኔ በተባበረ ድምጽ ይሆናል።
- 2) አጣሪ ጉባዔው በተባበረ ድምጽ መወሰን ያልቻለ እንደሆነ የውሳኔ ሀሣብ የሚሆነው በስብሰባው ከተገኙት አባላት በአብላጫ ድምጽ የተደገፈው ሀሣብ ነው። የአነስተኛው ድምጽ አስተያየቶች ከጉባዔው ውሳኔ ጋር ይያያዛሉ ፣
- 3) የተሰጠው ድምጽ በሁለቱም ወገን እኩል በሚሆንበት ጊዜ በሰብሀብው የተደገፈ ሀሳብ የጉባዔው ውሳኔ ይሆናል።
- 4) ማንኛውም የጉባዔው አባል በሙያው፣ በጥቅሙ፣ በህግ በታወቀ ዝምድናና በሌላ ምክንያት የሀገራዊነት ትርጉም ጥያቄ ካስነሳው ጉዳይ ጋር ግንኙነት ካለው ጉዳይ በሚታይበት ጊዜ ከስብሰባው ራሱን ያገላል።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ /4/ የተደነገገው የሚከተሉትን አይመለከትም፡-
  - (ሀ) የጨፌ አባል በመሆኑ ህግ በሚወጣበት ጊዜ ስለጉዳዩ በማወቁ፣
  - (ለ) የህግ ባለሙያ ሆኖ የሙያ አስተያየት በጉዳዩ ላይ በመስጠቱ፣
- 6) የጉባዔው ሰብሰቢ ወይም ምክትል ሰብሰቢ ወይም ሁለቱም የሀገራዊነት ትርጉም ጥያቄ ያስነሳውን ጉዳይ በሥራ ሐላፊነታቸው ምክንያት አስቀድመው በፍርድ ቤት አይተውት ከሆነ፣ የጉባዔው ሰብሰቢ ከአባላቱ መካከል የጉባዔውን ሰብሰባ የሚመራ ሰው በመወከል ከስብሰባው ይነሳል።

**32. ጉዳዮችን በአጭር ጊዜ ስለመወሰን**

- 1) አጣሪ ጉባዔው የቀረበለትን ጉዳይ የጉዳዩን አስቸኳይነት ጭምር ከግምት በማስገባት በዚህ አዋጅ በተመለከተው የጊዜ ገደብ ውስጥ በአፋጣኝ መርምሮ ውሳኔ መስጠት ይኖርበታል።

**31. Decision Making**

- 1) The decision or recommendation of the Council shall be passed by a consensus after careful consideration.
- 2) If the Council is unable to reach a consensus, the decision or recommendation shall be passed by a majority vote. Minority opinions shall be attached to the Council's final decision.
- 3) In case of a tie, the Chairperson shall have a casting vote.
- 4) In the case of a conflict of interest resulting from professional, economic, or familial ties to a case presented before the Council, a member of the Council must recuse themselves from the session.
- 5) The provision specified under sub article 4 of this article shall not include:
  - (a) knowledge the case as the member of the regional council when the law is enacted;
  - (b) For commenting on the matter professionally as a legal professional.
- 6) If the Chairperson or Deputy Chairperson of the Council, or both, had previously presided over the subject of Constitutional interpretation before a court, the Chairperson of the Council shall recuse himself and appoint a member of the Council to preside over the meeting.

**32. Deciding Matters in a Short Time**

- 1) The Council shall examine the matter and render a decision based on its urgency within the timeframe specified in this proclamation.

2) Dhimmi tokko yammuu ilaalamu sababa gahaa malee irra deddeebiin beellamamuu hin qabu.

**33. Qabiyyee Murtichaa**

Murteen yookiin yaadni murtee Gumichaa tarreeffama dhimma dhiyaatee, hiikaan Heeraa ni barbaachisa yookiin hinbarbaachisu sababa jedhameefi xumura irra gahame ifatti kan agarsiisu ta'uu qaba.

**34. Sirna Ol'iyyannoo**

- 1) Namni murtee Gumichi akkaataa aangoo Labsii kanaan kennameefiin kenne irratti komii qabu Komishinichaa ol'iyyannoo dhiyeefachuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa ltiin ol'iyyannoon dhiyaatu guyyaa murteen kennamuu beekerraa eegalee guyyoota 90 keessatti dhiyaachuu qaba.

**35. Garagalcha Murtee Abbaa Dhimmaatiif Kennuu**

Hiikaan Heeraa hin barbaachisu jedhee murtee Gumiin kennu irratti abbaan dhimmaa komii qabu garagalchi murtee akka kennamuuf yammuu gaafatu, Ittigaafatamaan Waajjira Komishinichaa garagalcha murtichaa sirrummaan isaa mirkanaa'e akka kennamuuf ni taasisa.

**Kutaa Afur  
Tumaalee Adda addaa**

**36. Waa'ee Kaffaltii**

Gaaffiin hiikaa Heeraa Gumichaaf dhiyaatu kaffaltiirraa bilisaadha.

**37. Waa'ee Waajjiraafi Baajataa**

- 1) Waajjirri Komishinichaa Waajjira Gumichaas ta'ee tajaajila.
- 2) Gumichi baajataafi tajaajila hojii isaatiif barbaachisu karoora isaa irratti hundaa'ee, baajata Caffeen Waajjira Komishinii Hiikaa Heeraatiif ramadu irraa kan fayyadamu ta'a.

2) አንድ ጉዳይ ሲመረመር የሰበቁ ምክንያት በተደጋጋሚ ቀጠሮ መሰጠት የለበትም።

**33. የውሣኔ ይዘት**

የጉባዔው ውሣኔ ወይም የውሣኔ ሃሳብ የቀረበውን ጉዳይ ዝርዝር መግለጫ፣ የሕገ-መንግሥት ትርጉም ያስፈልጋል ወይም አያስፈልግም ያለበትን ምክንያት፣ የደረሰበትን መደምደሚያ በግልጽ የሚያሳይ መሆን ይኖርበታል።

**34. ስለ ይግባኝ**

- 1) ጉባኤው በዚህ አዋጅ በተሰጠው ሥልጣን ላይ ተመስርቶ በሰጣቸው ውሳኔዎች ቅር የተሰኘ ሰው ለኮሚሽኑ ይግባኝ ማትረብ ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1/ የተመለከተው ይግባኝ ውሳኔው መሰጠቱን ካወቀበት ቀን አንስቶ በ90 ቀናት ውስጥ መቅረብ ይኖርበታል።

**35. ለባለ ጉዳይ ስለሚሰጥ የውሳኔ ግልባጭ**

አባሪ ጉባዔው የሕገመንግስት ትርጉም አያስፈልግም በማለት በሰጠው ውሳኔ ቅር የተሰኘ ባለጉዳይ የውሳኔው ግልባጭ እንዲሰጠው ሲጠይቅ የፅህፈት ቤቱ ሃላፊ የተዘጋጀውን ውሳኔ ግልባጭ እንዲሰጠው ያደርጋል።

**ክፍል አራት  
ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

**36. ስለ ክፍያ**

ለጉባዔው የሚቀርብ የሕገ መንግሥት ትርጉም ጥያቄ ከክፍያ ነጻ ነው።

**37. ስለ ጽ/ቤትና በጀት**

- 1) የኮሚሽኑ ጽ/ቤት የጉባኤውም ጽ/ቤት ሆኖ ያገለግላል።
- 2) ጉባኤው ለስራው የሚያስፈልገውን በጀትና አገልግሎቶች የሚያገኘው በጽ/ቤቱ በሚዘጋጀው ዕቅድ ላይ ተመስርቶ ጨፌው ለህገ መንግስት ትርጉም ኮሚሽን ጽ/ቤት ከሚመደበው በጀት ይሆናል።

2) When a case is being considered, it shall not be adjourn repeatedly without sufficient reason.

**33. Contents of the Decision**

The decision or recommendation of the Council shall clearly indicate the details of the issues presented, the reasons why or why not the interpretation of the Constitution in necessary and its final conclusion.

**34. Appeal Procedure**

- 1) Any party dissatisfied with the decision taken by the Council pursuant the power granted in this proclamation may file an appeal with the Commission.
- 2) An appeal under sub-Article (1) of this Article, shall be filed within 90 days from receipt of the decision of the Council.

**35. Written Decision to be Given to the Interested Party**

The interested party dissatisfied with the Council's decision may request such decision given to him in writing and the Head of the Office shall ensure that the copy of authenticated decision has been given.

**Part Four**

**Miscellaneous Provisions**

**36. Service Fee**

Any case of constitutional interpretation submitted to the Council shall be free of service fee.

**37. The Office and Budget**

- 1) The Council shall use the Office of the Commission.
- 2) The council shall get the budget and services needed for its work based on the plan prepared by the office and allocated by the Caffee for the Constitution Interpretation Commission to discharge its responsibilities.



**38. Dirqama Deeggarsa Kennuu**  
 Qaamni mootummaa yookiin abbaan aangoo kamiyyuu ajaja Gumichaan dhimmoota daangaa aangoo isaa keessatti kennaman raawwachiisuufi deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

**39. Seerota Raawwatiinsa Hinqa-baanne**

- 1) Labsiin Gumii Calaltuu Dhimmoota Heeraa Oromiyaa Hundeesuu, Aangoofi Hojimaatasaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 168/2003 haqamee Labsii kanaan bakka bu'era.
- 2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamniifi barmaatileen Labsii kanaan wal-faalleessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hinqabaatan.

**40. Aangoo Dambiiifi Qajeelfama Baasuu**

- 1) Labsii kana hojiirra oolchuuf Komishinichi Dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Gumichi Labsii kanaafi Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**41. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,  
 Guraandhala 11 Bara 2015  
 Shimallis Abdiisaa  
 Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**38. የመተባበር ግዴታ**  
 ማንኛውም የመንግስት አካል ወይም ባለስልጣን የጉባኤውን ትእዛዝ በስልጣኑ ውስጥ ባሉ ጉዳዮች የማስፈጸም እና ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት።

**39. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ህጎች**

- 1) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሕገ-መንግሥት ጉዳዮች አጣሪ ጉባኤን ለማቋቋምና ሥልጣንና ተግባርን ለመወሰን የወጣው አዋጅ ቁጥር 168/2003 ዓ.ም ተሸር በዚህ አዋጅ ተተክቷል።
- 2) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ህግ ፣ ደንብ፣ መመሪያ ወይም ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖረውም።

**40. ደንብና መመሪያ የማውጣት ስልጣን**

- 1) ይህን አዋጅ ስራ ላይ ለማዋል ኮሚሽኑ ደንብ የማውጣት ስልጣን አለው።
- 2) ጉባኤው ለዚህ አዋጅና አዋጁን ለማስፈጸም ለሚወጣው ደንብ የተሟላ አፈጻጸም የሚያስፈልጉትን መመሪያዎች ሊያወጣ ይችላል።

**41. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ በመገለጥ ኦሮሚያ ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

**ፊንፊኔ**  
**የካቲት 11 ቀን 2015 ዓ.ም**  
**ሽመልስ አብዲስ**  
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት**  
**ፕሬዚዳንት**

**38. Duty to Cooperate**  
 Any governmental organ or official shall execute and provide the necessary assistance to the orders of the Council issued within limits of its jurisdiction.

**39. Inapplicable Laws**

- 1) The Proclamation No. 168/2003 enacted to establish the Oromia Council of Constitutional Inquiry and to Determine its Power and Duties is hereby repealed.
- 2) Any laws, regulations, directives, and customary practices that are inconsistent with this proclamation shall have no effect with regard to the subject matters included herein.

**40. Power to Issue Regulation and Directive**

- 1) The Commission may issue regulation necessary for the implementation of this Proclamation.
- 2) The Council may issue a directive to implement this proclamation and regulation issued to implement this proclamation.

**41. Effective Date**

This Proclamation shall come in to force from the date of its publication on Megeleta Oromia.

**Finfinne,**  
**February 18, 2023**  
**Shimalis Abdisa**  
**President of Oromia Regional State**